## Hepatitis B maali?

Hepatitis B dhibee tiruu hammaataa kan vaayirasii hepatitis B dhan dhufuudha. Dhibee salphaa torbanoota muraasaa ykn dhibee hammaataa jireenya guutuu turu ta'uu danda'a.

Namoota 4 keessa 1 kan hepatitis B hammaataa qaban rakkoowwan tiruu cimaa, sirumaayyuu kaansariidhan qabamuu danda'u, garuu dafee yoo beekame waldhaansii fi to'achuun ni jiru.

## Hepatitis B akkaitti tatamsa'a?

Hepatitis B nama irraa gara namatti kan daddarbu dhiiga faallamee ykn dhangala'oota qaamaa tuttuquudhani. Karaa armaan gadiitin darbuu danda'a:

- Dubartiin ulfa taate yommuu deessu gara daa'imaatti
- Dhiiga nama hepatitis B dhan qabamee tuttuquudhan
- Meeshaalee eegumsaa dhuunfaa kan akka qulqulleessituu ilkaanii, haadduuwwan, urtuu qeensaa ykn meeshaa waldhaansaa (kan akka guluukosii to'achuu) nama hepatitis B qabu wajjiin qooduu
- Tuttuqqii wal-qunnamtii saalaa
- Lilmoowwan, lilmoowwan dhangala'aa warabaanii fi meeshaa qophii qorichaaf oolan waliif qooduu

## Hepatitis B karaa armaan gadiitin tatamsa'uu HIN danda'u:

- Nyaataa fi meeshaalee nyaataa waliif qooduu
- Tuttuqqii baramoo kan akka wal-hammachuu, dhungachuu ykn harkaa qabuu
- Bishaan ykn qilleensa

## Odeeffannoo dabalataa argachuudhaf:


**Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuuwwan To'annoo fi Ittisa Dhibee)**
www.cdc.gov/hepatitis/hbv/

Hep B Hub
doh.wa.gov/hepbhub

DOH 420-405 May 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeeyilii erga civil.rights@doh.wa.gov.

Madda: Minnesota Department of Health, Hepatitis B



# Hepatitis B:

# Wanta namni hundi beekuu qabu

Washington State Department of Health



## Eenyutu qoratamuu qaba?

Karaan ittiin hepatitis B dhan qabamuu keessan beektan qoratamuu qofaadha.

- Namoonni ulfa ta'an hundi qorannoo hepatitis B osoo walirraa hin kutin taasisuu qabu. Yoo namni ulfa ta'e tokko hepatitis B qabaate, yeroodhan talaallamuun vaayirasichi gara daa'imaatti akka in dabarre ittisuu danda'a.
- Namoota nama hepatitis B qabu tokko wajjiin jiraatan.
- Namoonni balaa ol'aanaa hepatitis B qaban, kunis kanneen armaan gadi of keessatti hammata:
  - Namoota iddoowwan hepatitis B caalatti itti baramaa ta'an keessatti dhalatan ykn kan maatiiwwan isaaii iddoowwan kannen keessatti dhalatan kan akka Afrikaa ykn Eeshiyaa
  - Namoota qorchoota fudhatan
  - Dhiira dhiira wajjiin wal-qunnamtii saalaa taasisu

## Eenyutu talaallii fudhachuu qaba?

Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuuwwan To'annoo fi Ittisa Dhibee) kanneen armaan gadii dabalatee namoota baay'eedhaf talaallii hepatitis B ni gorsa:

- Daa'imman hunda
- Daa'immanii fi ga'eessota hamma umurii 59 jiran kan talaallii hin fudhanne hunda, sababoonni balaa kan fedhe ta'aniis
- Ga'eessota umuriin isaanii 60 fi isaa ol jiran kan sababoota balaa armaan gadii qaban:
  - Namoota saaxilama wal-qunnamti saalatiin balaa dhibeen qabamuu qaban
  - Namoota karaa Gogaa ykn saaxilama mukesal dhiigaf qabuun balaa dhibeen qabamuu qaban
  - Imaltoota gara iddoowwan hammi dhibee hepatitis B giddu-galeessa ykn ol'aanaa ta'etti deeman
  - Namoota dhibee tiruu baay'ee cimaa qaban
  - Namoota dhibee HIV qaban
  - Namoota mana hiidhaa jiran
  - Namoota biroo hunda hepatitis B irraa ittisa barbaadan



**Namoonni tilmaaman miliyoona 296 sadarkaa idil-addunyaatti hepatitis B wajjiin jiraatu, garuu namoonni baay'een miirri dhukkubbii waan itti hin dhagahamneef ykn kan dhukkubsattan waan hin fakkaanef qabamuu isaanii hin beekan.**



## Talaallichi balaa hooma hin qabuu?

Talaallin hepatitis B kan balaa hin qabnee fi bu'a qabeessa ta'eedha. 1982 irraa eegalee U.S. keessatti hojiirra oolera.

Dooziiwwan biliyoona tokkoo ol kan talaallii hepatitis B sadarkaa addunyaatti kennamaniiru.

Deebin qaamni keenya talaallii kanaaf kennaman kan hunda caalaa baramoo ta'an ho'iinsa qaamaa salphaadha hamma giddu-galeessa jiranii fi dhukkubbii iddoo lilmoon waraanamee. Miidhaawwan cinaa kunneen guyyoota 1–2 tif turuu malu.

## Eessattan talaallii hepatitis B fudhachuu danda'a?

Taallii fudhachuu ilaalchisee mana qorcihaa, ogeessa fayyaa yookin qajeelcha fayyaa naannoo haasofsiisaa Kilinikoonni muraasni talaalliiwwan hepatitis B bilisaa ykn baasii gadi aanaa qaban dhiyeessu.

Inshuraansin fayyaa namoota umuriin isaanii 59 ta'ee fi namoota umuriin isaanii 60 ol ta'anii sababoota balaa qaban hundaaf talaallii haguuguuu danda'a.

Yoo dhaltan, daa'imni keessan isin hospitaalaa bahuu keessaniin dura talaallii hepatitis B argachuu danda'u. Talaallichi daa'imman haaraa dhalataniif kaffaltii tokko malee kennama.